

# ARRARII WAAQAYYO FEYIINEE KEENYA

JACK OESCH

**KUTAA 1: UUMAMA- UUMAMA AKKA QAJEELCHA WAAQAYYOOTTI**

**KUTAA 2: KUFAATHI- MAALTUU DOGOGGORAME?**

**KUTAA 3: QAAYENII FI ABEEL- ANI EEGDU OBBOLESSA KOOTI?**

**KUTAA 4: BISHAAN BADIISAA- LAMMAFFA HIN DEEBI’U**

**KUTAA 5: GAMOO BAABILOON: NOHII IRRAA HANGA ABRAHAAMITTI.**

**“DUBII KEE ABDIIDHAAN NAN EEGADHA”**

**FAARFANNA 119:74**

## SEENSA

“Dhugaan maalinni?” Gaaffiin Pontis Pilate Gooftaan Iyyasuusiin - osoo akka fannifamuuf murtoon irratti hin-darbin dura – gaafate; duubbee gaaffilee hedduu yeroo ammaatti namootni guutumma addunyaa gaaffiif deebii barbaabaadan - kaasan jira: Karoorri an biyya lafaa kanarra jiruuf maallinni? Abdii maaliitu jira biyya lafaa kanarra jiraadhee jireenya du’a boodaa kan itti eeguu danda’u?

Dhalli namaa marti waa’ee kaayyoofi abdii deebii dhugaa ta’e argachuuf nibarbaada, sababni isaas kaayyoo fi abdiin jireenya keenya ammaatti hiikkaa fi sona waan kennaniif.

Amanamummaa Waaqayyoo, Abdiin keenya seenaa Yisihaaqii fi maatii isaarratti xiyyeeffata.

Qo’annaa kana guutuusaa keessatti maatiinsaa waliisaanii akka goyyamsan mul’isa.

Goyyomsaan maaticha gidduutti wal-qooddiin akka jiraatu taasiseera. Goyyomsaan hariiroo addaan cite, miira sodaa, ijaa ba’uu, himachuu fi soba uumeera. Haata’u malee, bu’aaleen hamaan (rakkooleen) kunniin marti osoo jiranii Waaqayyoo kakuusaa Waaqasaanii ta’uuf isaanii galeefitti amanameera.

Jalqabaa kaasee waraanni jireenyaa fi du’aa ture gaarii fi hamaa, dhugaa fi soba, ifaa fi dukkana gidduutti. Waraanni kun seexanni / amajaajiin Edan Gannat keessatti hawaaniin malasaatti fakkeessuusaatti fayyadamee erga gowwomsee itti-fufee jira. Dhimmi yeroo sanaa kun kun ammas yeroo ammaatti dhimma wal-fakkaataadha. Dhimmichi aangoo sagalee waaqayyoo bu’uurefata. Seetanichi/Amasjaajichi yehuwaaniin gaafate “Waaqayyoo akkas jedhee?” fi “Waaqayyoo dhuguma akkas jedhee?” Gowwomsaan dhugaa dhoksa. Gowwomsaan dhugaa gaaffii keessa galcha. Gowwomsaan biqiltuu shakkii sammuu namaa keessatti dhaaba, iddoo

dhugaaf kennamuu malummoo nixiqqeessa. Gowwomsaan dhugaan nimorkata, akka dhugaan hinjirrettis nimorma. Waraanichi Waaqayyoo fi seexana/amajaajji gidduutti. Lachanuu lubbuu dhala namaa irratti waliin qabu.

Gowwomsaan karaa seexanni cubbuu gara biyya lafaatti fidedha. Dhugaan ammoo karaa Waaqayyoo cubbuu dhabamsiisuuf fayyadamudha. Cubbuun onneen nama hundaa guutuudha. Jallinni jeequmsa, faayidaa hinqabne garaa hunda keenyaa keessa jirudha. Goyyomsaa abdi balleessa, kaayyoo qbatamaa barbaaduutti nu hanqisa, hiika jireenyaas. Lubbuun dhala namaa boqonnaa barbaaddi goyyomsaan garuu lubbuu boqonnaa dhabsiisa. Guutummaa macaafa Qulqulluu keessatti waaqayyoo isa waliin hariiroo akka uumnu waamicha nuuf dhiheessa. hariiroo abdi fi kaayyoo nuuf kennu. Hundi keenya gara dhugaa beekuutti akka dhufnu barbaada ( 1 Ximootiyoo 2:4). Dhugaa akka beeknu barbaada sababnisaa dhuqaan bilisa nama baasa ( YOhaannis 8:32, 35). Dubbiin Sagaleensaa dhugaadha Inni haqa qabeessa waan ta'eef. (Yoohaannis 3:33). Goyyomsichi (amajaajichi) sobaa fi jallina waliin dhufa dukkana keessatti akn nu-qabu. Namni dhugaatti jiraatu kamiyyuu ifatti in-jiraata, Dhugaatti kan jiraatu garuu hojiin Isaa Inni akka jaalala Waaqayyootti hojjatame, haa mul'atuuf gara ifichaatti in ba'a (Yohaannis 3: 21).

Dhugaan guddaa “ Waaqayyoo akkasitti tokkicha ilmasaa hanga kennuufitti biyya lafaa jaallate; kunimmoo isatti kan amanu hundinuu jireenya bara baraa haa qabaatuuf malee haa baduuf miti. Waaqayyoo biyya lafaatti farachiisuuf miti, biyyi lafaa isaan haafayyuuf Ilma Isaa biyya lafaatti erge malee” (Yoohaannis 3: 16, 17)

Waa'ee Yisihaaqii fi Ribqaa, Eesaawuu fi Yaa'iqoob qo'achuu yeroo jalqabdan amanamummaan Waaqayyoo amala isaaniirratti akka hin-hundoodne nibartu, garuu jalala amanamaa Isaaniif qabuun malee. Haaluma kanaan nutis waaqayyoo nuuf amanamuunsaa amala keenyaarratti akka

hin-hundoofne garuu jalala nuuf qabuurratti akka hundaa'u barree itti gammaduu dandeenya.

Maatii Yisihaaqii fi isaaf kakuun waaqayyoo isa jedhe akka raawwatuuf taasiseera.

Anaa fi isiniif waaqayyo kakuu nuuf galeera cuubbaa keenyaarratti wayita kan ofiisaa nu taasifatetti, cubbuu keenya nuuf dhiisee jireenya bara-baraa nuu kennetti.

## Jalqabbii

Qo'annoo Macaafa Qulqulluu barreefama 'Amanamummaa Waaqayyoo, Abdii keenya' jedhu kanaan jireenya keessan gara fuul-duraa qajeelchuuf carraa GILGAALAA qophaa'edhas. Imalli keessan kan mataa keessanii qofa, kan nama isa kaanirraa adda ta'a, Kaka'umsa keessanii fi fedhii keessan irratti hundaa'a guddinni keessan beekumsa Macaafa Qulqulluutti. Dinqisiifannaa keessan namoota haaraa ittiin wal bartaniin isaanis Yisihaaq, Ribqaa, yaa'iqoob fi Eesaaw. Qo'annaa kanaaf of kennuun keessan jireenyi keessan akak badhaadhu taasisa, akka Waaqayyoo karaa sagaleesaa isinitti dubbatuun.

Waantota shan of harkaa akka qabaattan jajjabeeffamtu. Meeshaaleen kunniin qo'annoon kun jalqabee hanga xumuramutti faayidaarra oolu. Qo'annoo keessan guyya guyyaa keessatti faayidaarra ni oolu hubannoo keessan gabbisuuf.

1. Qorannaa Macaafa Qulqulluu kana – Amanamummaa Waaqayyoo, Abdii keenya'
2. Macaafa Qulqulluu hiikaa haaraa.Macaafa haaraa bittu yota'eefi waan isin ilaalu qabdan-
  - a) Kutaa macaafa qulqulluu caqaftuu kan ofgidduudhaa qabu
  - b) Baafata kan ofirraa qabu
  - c) Kaartaa kan ofirraa qabu
  - d) Fuula dhumma irratti bakkota seena qebeesaa ta'aan fakkidhaan kaan ka'aan.
3. Qalama yookiin qubeessaa
4. Yaadanoo
5. Kaardi yaada ittin qabataan

Akka lakkoofsa lammaffaa irratti ibsametti, macaafa qulqulluu qabattanii jennaan qorannoo kana jalqabuu dandeessu. Qorannoon kuni, qoraannoo maacaafa qulqulluu yeroo geggeesitan, yo yeroo jalqabaa ta'eefii, qorannoo isa "*Macaafa Qulqulluu ilaahuu*" jedhu irraa jalqabaa. Isa qorachuun keessani, barataa ga'aa isin godha. Qorannaa kana weeb sayitii keenya irraa tola argachuu dandeessuu. Weeb sayitiin keenya, [WWW.crosscm.Org](http://WWW.crosscm.Org) dha. Qorannoo kana, "Amanamummaa Waaqayyoo, Abdii keenya" isa jedhuunis jalqabuu dandeessu.

Qabxiiwwan ilaalamuu qaban Lakk 2 jalatti tarreeffamaniin qo'annaa keessaniif sirriitti niqophooftu, boqonnicha milkaa'inaan keessa ba'uuf hal-dureewwan xumurtaniittu jechuudha. Macaafa Qulqulluu keessan wayita bitatttan nama isa/ishee isinitti gurguraa jiru/tu wayita filattan akka isin gargaaru/tu gaafachuuf boodeetti hin-jedhinaa. Keessumaa 'kutaan wabeeffannu' itti baraa'e irratti hundaa'uun akaakuu jiran irratti gargaarsa gaafadhaa.

Waanta baruun isinirra jiru: Hiikni Macaafa Qulqulluu gara-garaa maneen Macaafni qulqulluun itti gurguramanusaniitti. Manneen kitaabaa jajamoo ta'an biyya keessaa keessatti ni argamu. Qo'annoo kanaaf Macaafni qulqulluu gorfamu hiika biyyoolessaa haaraati, 'Hikka Harra' jedhamuun kan beekamu jechuudha. Qo'annoo Macaafa Qulqulluu kana keessatti kan wabeeffannu hiika biyyoolessaa haaraa kana. Macaafi kun kan hiikame barreeffama aslii irratti, hayyannis hiikni kun haala adda ta'een sirrii akka ta'ee fi afaan si'anaa kka fayyadamu itti waliigalu. Hiikonni baay'een gaggaarii kaan jiru, al-takka takkas boqonnaa Macaafa Qulqulluu keessaa murtaa'esirritti hubachuuf akkasumas hubannoo argachuuf nigargaaru.

Macaafa qulqulluu keessan qabxiiwwan yaadachuuf qalama irra dibuu hisodaatinaa. Isinii eyyamameera! Kanaafi peennaa fi qalmni halluu itti irra diban kan barbaachiseef. Macaafa Qulqulluu keessani, qo'annaadhaaf. Qabxii mataa keessanii qabataniin, jala sarartaniin, irra dibdaniin, itti martaniin, xiyya irra keessaniin kan mataa keessanii taasifadhaa! Wayita kana

Dabtara (Notebook) yookaan taableetii keessan yaada, gaaffii fi haala qo'annaa keessanii irratti barreessuf akka fayyadamtan gorfama.

Tokkoon tokkoo barannoowwan ja'anii kutaa shan shanitti adda baba'ee jira. Kutaaleen kunniin yeroo adda kukkutuun qo'aqnnucha keessa akka baatan qofa gargaaru. Yeroon qo'annoon kun isinitti fudhatu saffisa keessan isintu murteessa.

Al-takka takka barannoowwan kunniin yeroo isin qabdaniif ol yeroo akka kennitaniif gaafata ta'a, akkasumas takkaa qabattanii teessaniin akka xumurtan isinirraa barbaada ta'a. Yeroo kaan ammoo kutaa barannoo tokko xumuratnii isa itti aanutti darbuuf filachuu dandeessu.

Macaafa Qulqulluu qo'achuuf alanni isiniif jalqaba yoo ta'e Barannoo mata duree ' *Macaafa Qulqulluu kan ofii taasifachuu* ' jedhuun akka jalqabdan jajjabeeffamtu. Qo'annuchi maloota qo'annoo keessaniif haala mijeessan isinii dhiheessa, akkasumas Macaafa qulqulluu sirriitti akka beektan isin gargaara/taasisa. ' *Macaafa Qulqulluu kan ofii taasifachuu* ' (*Making the Bible Yours*) tarii [www.FullValue.Org](http://www.FullValue.Org) irraa garagalfachuun nidanda'ama. Boqonnaawwan kaan dabalataas kaffaltii tokko malee galagalfachuun nidanda'ama. Fakkeenyaaf: ' *Karoora Waaqayyoo, Filannoo Keenya* ' kan jedhu qo'annoo boqonnaawwan jalqabaa Seera Uumamaa kudha tokkooti. Kakuu ' *Waaqayyoo, Eebba Keenya* ' kan jedhu ammoo seenaa Abrahaam Seera Uumamaa 12-25tti jiruuti Barannoowwan kunniin akka dubbiftaniif kan jajjabeefamtan ta'us barannoo boqonnaa afur qabu ' *Amanamummaa Waaqayyoo, Abdii Keenya* ' jedhu kana milkaa'inaa xumuruuf hin barbaachisani.

Walumaagalatti, barannoon kun ofii keessanii barachuu (qoo'achuu) akka dandeessaniif barreeffamuusaa hubachuu isin barbaachisa. Akka nama qoo'atuuf mijatuttidha kan qophaa'e. naamusaan qayyabachuu muraasaan dhadhabbiif fi rakkoo tokko malee barannucha qo'attanii xumuruu nidandeessu. Kana malees qo'annoon kun kan nama hawwatu ta'a. odeeffannoo haaraa

irraa argattu. Barnootaa fi hubannoowwan haaraa argattan namootaaf qooduuf fedhiin isin keessatti uumama. Gaaffilee baay'ee cicimoo deebii barbaadan gaafattu.

Hiriyoota keessan muraasa isin waliin akka qoo'ataniif akka afeertan baay'ee jajjabeeffamtu. Isin yookaan michuun keessan hiriyoota (dachaa) lama yookaan sadii akka isin waliin qoo'ataniif gaafachuu dandeessu. Tarii gamoo jireenyaa (apartimantii) keessa jiraattu ta'ee nama (hiriyaa) akka isin waliin qoo'atuuf afeeruu dandeessu. Tariimmoo nama isin bakka hojiitti beektan Waaqayyo Macaafa Wqulqulluu keessatti maal akka jedhu akka baruuf afeeramuu danda'a. Yookaan miseensa waldaa tokkoo ykn waldaa tokko bakka barnootni itti kennamu beektu ta'ee-sagantichaan ammoo waan torbanicha keessatti barattan (hirmaattoonni ) baratan irratti mariin ni geggeeffama yoo ta'e. Haala akkamii keessayyuu yoo jiraattan haala mijataa akka hiriyaa isa barattan walii hirtanii waliin guddachuu dandeessanitti garee xiqqoo torbanitti al tokko walitti qabamu uumaa. Namoonni garee qo'annaa keessanii keessaa, gareen keessan guddaas ta'e xinnoo, qo'annoo keessan nigabbisa akkuma isin kan isaanii gabbistan.

Amma yeroon yeroo itti jalqabanidha! Macaafa Qulqulluu keessan Se! Era Uumamaa 25 banaa.

Mee haa jalqabnu. Jechoota lakkoofsa 19 irra jiran barreessaa

---



## BARANNOO TOKKO- KUTAA 1

### SEENSA

Serri Uumamaa seenaa kaan waliin wayita madaallu waa'ee ilma Abrahaam fi Saaraa Yisihaaqii waa xinnoo nutti hima. Waa'eesaa seenaa maatiisaa, haadha manaa isaa Ribiqaa fi ijoolleesaa lamaan Yaa'iqoobii fi Eesaaw waliin ibsamee jira, kan waa'eesaa nubarsiisu. Yisihaaq ilma kakuu ture, Waliigaltee Waaqayyo fi Abrahaam giddus kan dhaalu isa ture. Akkuma '*Kakuu Waaqayyoo, Eebba keenya*' Boqonnaa 3 keessatti yaadatanitti waliigalteen kun kakuu dhuma hin-qabne , lafaa, qabeenyaa, dhalaa of keessatti haammateera. Haata'u malee, Abrahaamii fi Saaraan ijoollee hin-qaban turani, lafa ormaarra akka ormaatti jiraatani. Waaqayyo garuu Abrahaamiin abbaa uummattootaa akka ta'u itti himeera. Abdiinsaa waaqayyoon beekuurra ture, Waaqayyo waan kakate raawwachuuf amanamaa akka ta'e amanuun.

Qo'annan Macaafa Qulqulluu '*Kakuu Waaqayyoo, Eebba Keenya*' jedhu du'a Abrahaam Seera Uumamaa 25 irratti xumurama. Haata'u malee, Abrahaam osoo hin-du'in dura ilamasaaf haadha-warraa arguu fedha ture. Seerri Uumamaa 24 seenaa akka itti Ribqaan filamte seenessa. Boqonnichi haasaa Abrahaamii fi hojjataa manasaa waan hundumaarratti ajajuu gidduuttiin jalqaba. Maqaan hojjataa kanaa hin-dhahamne. Hojjataa yookaan namicha jedhamee eerame.

Yadannoo osoo hin-jalqabin dura...wayita qoo'annu kanatti 1) dhugaa seenichaa qoo'adhaa, 2) dhugaa waa'ee Waaqayyoo fi nu ammoo akka dhala namaattii barruuf jirruuf dammaqaa ta'aa, 3) gaaffilee barbaachisoo ta'an application?? Seenichaa fi jireenya keenya har'aaf bu'aa buusan (fayyadan) gaaffadhaa.

## HOJII MANAA

Seera Uumamaa 24 dubbisaatii, yaaada qabdaniif fi gaaleewwan dabtara yaadannoo keessaniirratti barreessaa, isa isinii hin-galles yoo ta'e. waan isinitti haaraa ta'e garuu akka aadaatti raawwatame qabxii qaphadhaa.

## GILGAALA:

Seenichi waan jedhu ilaaluun haa jalqabnu

- Lakkoofsa 1: Abrahaam amma dulloomeera. Waggootaaf 'haala gaariin akka bal'ateera'. yeroo Saaraan duute umuriinsaa waggaa 137 akka turee fi waggaa 175ffaa isaarratti boqochuusaa beekna. Lakkoofsi kun 'Waaqayyo waan hundumaan isa eebbisuusaa' nuti hima. Itti-fufaatii Seera Uumamaa 24: 35 ilaalaatii lakkoofsa kana keessatti kan eerame waa'ee eebba waaqayyoo jireenya isaarrattii barreessaa.
- 
- 

- Lakkoofsa 2-4 Abrahaam hojjataa mana isaa waan hundumaa too'atuwaamee. Abrahaam hojjatasaa kana maal akka raawwatu ajaje?
- 

- Abrahaam hojjataan isaa maal akka raawwatuuf waadaa seensise?
-

**BARSIISA:**

Gaaffii kana gaafachuu qabna: Iimi isaa haadha-manaa warra kana'aan keessaa akka fuudhuu dhiisuunsaa Abrahaamiif maalif baay'ee barbaachisaa ture? Waa'ee isaanii maal beekna?

Eenyu akka isaan turan bira ga'uuf ???

---

Seera Uumamaa 10: 15 -19 keessatti Kana'aan sanyii ilma Nooh Ham akka ta'an hubanna.

Sanyiin Ham abaaramoo turan sababa Ham abbaasaa hin kabajneef (Seera Uumamaa 9: 25-27.

Kanaaf Lakkoofsa 4 irratti hojjataan kun eessa akka dhaqu abboomame?

---

Kana malees dhimma baay'ee barbaachisaa tokko yaadachuu qabna. Waaqayyo Abrahaamiif kakuu galeera. Dhiigni Sheem irraa Abrahaamitti akkasumas Yisihaaqitti darbeera. Kakuun- baraa baraa Abrahaam walii fi sanyiisaa waliin mirkanaa'e (Seera Uumamaa 17) kun murtoo amantii Abrahaam fudhatedha. Kanneen abaaramoo waliin, dhiiga tokko kan hin taane waliin akkasumas kakuu jala waliin kan hinjirre waliin fuudhaaf heerumaan hidhachuurra Abrahaam hojjataasaa biyyasaa durii Haranitti erguun Yisihaaqiif haadha warraa firootasaa irraa barbaade. Gaa'elli ilmaa fi intala ofii warraan dursee mijeeffamu aadichaan fudhatama qaba ture.

## BARANNOO TOKKO –KUTAA 2

Asitti itti-gaafatamummaa cimaa hojjataa- Abrahaam kanatti kenname hubachuu jalqabna.

Waadaa kana osoo hin-seenin dura waanti irratti mari'atamuu qabu jira.

### GILGAALA ITTI-FUFA:

- Lakkoofsa 5-6: Laqqoofs 5 keessatti gaaffiin hojjatichaa maal ture?

---

---

- Deebiin Abrahaamoo maal ture?

---

- Lakkoofsa 7: Sababni Abrahaam maal ture? Seera Uumamaa 12: 1-3ttii keessa deebi'aa qo'adhaa

---

---

### BARSIIISA:

Waaqayyo Abrahaamiin haraan keessaa baasee gara Kana'aan isa fide. Waaqayyo Abrahaamiin Haraan keessa wayita waametti lafa, ijoollee (sanyii) fi qabeenyaan akka isa eebbisu kakateefii ture. Waaqayyos akka kakateefitti qabeenyaa (lafa) , sanyii (dhala), badhaadhina kenneef (afaan ingiliziitiin Waanti waaqayyo Abrahaamiif kennuuf kakate p sadan jedhamanii dhahamu; isaanis: (property, Progeny and prosperity).

Abrahaam amma Waaqayyo inni biyyasaatii isa fide isa faana (hojjataasaa faana) akka deemu hojjataasaatti hime. Haata'u malee, Abrahaam biyya haran keessaa waan waamameef ilmi isaa,

akka kakuchaatti, achitti hin deebi’u. Biyya isaa durii dhiisee akka ba’u fi gara dachee haaraa akka dhaqu waamame. Innii fi dhaloonni isaa (sanyiin isaa) kakuu haaraa Waaqayyoon kennameeraafi, kakuu barabaraa. Jalqabbii haaraa (seera uumamaa haaraa) akka jalqabu achi keessaa waamame.

Bakka seenaa kanatti waanti baay’een sammuu keessa isin deddeebi’uu danda’a. qaaccessinee hin ilaallu garuu haala isin itti sammuu keessan keessatti itti fakkiisaa qabatan fayyadamuu jalqabna.

- Abrahaam tarii ilma isaa akka mootiitti waan jiraachise isinitti fakkaataa? Abrahaan hojii Waaqayyoo jireenyasaa keessatti muuxannoo qaba. Waaqayyoo kakuu isaaf gale karaa Yisihaaq raawwateefi- dhalootasaatii jalqabee hanga imala gara gaara Morih bakka inni itti aarsaaf dhiyaachuuf turetti. Abrahaam akka ilamasaatti eegumsii fi eebbi harka Waaqayyoo Yisihaaq waliin akka ture beeka. Waaqayyoo inni isaaf kakate “ergamaasaa ergee

---

---

---

(Seera uumamaa 24: 7). Akkasumas, dubartiin tokkollee hojjataa isaa waliin deebi’uuf fedhii agarsiisuu yoo didde, Abrahaam waadaa isa seensise irraa isa ni hiika.(Seera Uumamaa 24: 8)

- Yaada biroo...akka miseensa maatii abrahaamitti, hojjatichi naqna qabateera. Innis kakuu bara-baraa Waaqayyoo jala galeera seera uumamaa 17 keessatti. Hariiroo Abrahaam waliin qabuun surraan Waaqayyoo kan isaas ta’eera akkuma gooftasaa. Hariiroo fi eegumsa Abrahaam Waaqayyoo waliin qabaatee fi argate innis ni argata. Hojjataan isaa

kana beeka ture sababa Abrahaam akkas akka ture waan mirkaneesseef. Hojjatichi Yisihaaq qaama kakuu Waaqayyoo akka ture beeka ture. Waaqayyo akkuma Abrahaam waliin ture, sababa Abrahaamiif, Waaqayyo kakuu isaatiif ni-amanama. Kanaaf, Abrahaamiif waa'ee dhimmichaa irratti waadaa seene (Lakkoofsa 9) yaada keessan barreessaa:

---

---

---

### BARANNOO TOKKO-KUTAA 3

#### SEENSA:

Hojjatichi gaala muraasaa fi mi'oota kaan badhaadhina Abrahaam mul'isan fuudhee ka'e gara Aram Naharaim –Mandaraa Naahoritti in-qajele. Filannoo osoo argattee, maappii fuula dhumaa Maqcaafa Qulqulluu keerra jirurratti bakka Aram Naharaim itti argamtu addaan baaftee eeruuf yaaluu dandeessa. Haata'u amlee, Aram hin mula'tu ta'a. Mo'aabiin barbaadi sana booda gara bahaa gara gaaraatti adeemi. Bakkichis bakkichadha jedhamee bakka tilmaamaudha. Araam kan argamtu Kaaba Lixa Mosopotamiyaattidha.

#### GILGAALA ITTI-FUFA:

- Abrahaam gaalota kudhanii fi mi'oota gaggaarii mara hojjataa isaa waliin erge. Hojjataan kun gara Aram dhaqe achi ga'ees inboqote gaalotasaas boolla bishaani mandarichaa bira. Yeroo achi ga'u galgala ture, yeroo itti dubartoonni bishaan waraabbachuuf ba'an.
- Lakkoofsa 12-14: Kadhannaa isaa jechoota mataa keetiin barreessi.

---

---

---

- Hojjatichi Waaqayyo milkaa'ina gonfachiisuuf Abrahaamitti gaarummaasaa akaa agarsiisu kadhate. Mallattoo hojjatichi dubaree ishee Waaqayyo Yisihaaqiif fialte itti bare maal ture?

---

- Lakkoofsa 15: Osoo inni kadhatee hin-xumurin maaltu ta'e?

\_\_\_\_\_

- Lakkoofsi 15 waa'ee Ribqaa maal nutti hima?

\_\_\_\_\_

\_\_\_\_\_

- Firummaan isheen Abrahaam waliin qabdu maalinni? Abbaan ishee eenyutire? \_\_\_\_\_

Seera uumamaa 11:27 -29, 22:23s ilaali

- Lakkoofsa 16 irratti akkamitti ibsamte?

\_\_\_\_\_

- Gombooshee bishaan burqituchaan in guutte. Hojjatichis ariitiidhaan garasheetti adeemee bishaan akka isa obaaftuuf gaafate. Lakkoofsotni itti aanan waantota isheen sana booda raawwate ibsu. Waanti hundumtuu akka hojjatichi Waaqayyoon kadhatetti raawwate. Bishaan isa obaafta, sana booda gaalotaaf hanga isaan dhuganii quufanitti bishaan waraabdeef. Kana irratti xiyyeeffattanii wayita yaaddan, waan hojjatichi irraa eege enourmous? Waan guddaa ture. Gaalota 10 hanga isaan dhuganii quufanitti obaasuu! Gara burqituutti si'a meeqa deddeebi'uu ishee gaafate gomboo bishaan guuttee baattee!

- Lakkoofsi 21Hojjatichi osoo ishee hingargaarin calluma jedhee ishee ilaalaa akka ture eera. “ \_\_\_\_\_.”

- Lakkoofsa isa itti aanu keessatti namichi amartii warqee funyaanitti kee'atan fi bitawoo warqee lama gadi fuudhe. Sana booda Ribqaan eenyu akka taatee fi eessa akka jiraattu gaafate. Halkan sana mana abbaashee buluu yoo danda'a ta'e baruu barbaade. Lakkoofsa



25 keessatti namichaaf maal arjoomte?

---

---

- Battaluma sanatti deebiin hojjatichaa maal ture?

---

---

Lakkoofs 27 keessatti sababa inni itti Waaqayyoon waaqessee fi galateeffate maalidha?

1. \_\_\_\_\_

2. \_\_\_\_\_

## BARANNOO TOKKO –KUTAA 4

### BARSIISA:

Lakkoofsi 7 fi 27 Waaqayyo kakuusaaf amanamaa ta'usaa nu yaadachiisa. Inni Sagaleesaa ni eega. Sagaleensaa dhugaadha. *'Amanamummaa Waaqayyoo, Eebba Keenya'* keessatti jireenya Abrahaam qorannee hangam Waaqayyo kakuu isaaf kakate hanga raawwatuufitti akkanni itti eeggate argineerra. Amanamummaan Waaqayyoo Dubbaasaatiif qabu garuu yeroo mataa ofii keenyaarratti kan hundaa'e akka hin-taane qalbeeffachuu qabna. Akka namaatti waanti nuti eegnuu fi obsa dhabuun keenya yaada keenyaa fi waan eegnu sana jeequu danda'a. Yeroo baay'ee amanamummaan maal akka ta'e daangaa kaa'uu/hiika itti kennuu barbaanna Waaqayyo akka nubarsiisuuf of kennuurra. Waaqayyoon beekuutti wayita dhufnu akkasumas hariiroon isa waliin qabnu guddataa wayita adeemu hubannoo fi ogummaa ittiin amanamummaa itti qalbeeffannuu fi Inni amanamaa ta'usaa itti amannu nuuf kenna.

Waanti nuti qalbeeffachuu qabnu biraan ammoo kakuun keenya kakuu Waaqayyoo akka hin-taane beekuu akka qabnuu fi kakuu keenyas akka nuu raawwatuuf Isa irraa eeguu akka hindandeenyedha. Kakuun keenya kakuu keenyadha, kan Isaa miti. Kakuunsaa garuu kan keenya nicaala.

Inni kan kakatuuf raawwachuufi, ni amanamas. Waadaa seenuu nan danda'an ta'a raawwachuuf haata'u malee amalli koo namummaa akka ani hin-amanamne na gochuu danda'a. mucaa tokkoof waanan waadaa seeneef raawwachuufiif kakachuu nan danda'an ta'a, garuu haalli uumamu garuu waadaan seene sana akka hin raawwanne akkan filadhu filannoo naaf kennuu danda'a. Yeroo baay'ee, namoota ta'uu keenyaan Waaqayyoonis akkuma nama biraatti ilaalla akka inni kakuu kakatee akka namaatti sagalee dubbateef akka inni amanamee hin raawwanneetti(jecha isaa akka hin-eegnetti. Haata'u malee, amalli Waaqayyoo kun akka inni nu

ijaaruu, akka fakkeenyaatti ni qajeelchuu jalqabu kan keenyas nita'a. Akka fakkeenyasaa akka taanu jalqabuma karoorasaa akka ture yaada keessatti qabadhaa Seera Uumamaa 1:27 keessatti.

**GILGAALA ITTI-FUFA:**

- Lakkoofsa 28-33: Ribqaan waan ta'e mara maatii harmeesheetti himuuf gara manaatti in fiigde.Laban, obboleessi Ribqaa hojjaticha bakka burqituu sanatti arguuf jarjaree ba'e. Ribqaan amartii warqee funyaanitti kee'atanii fi bitawoo warqee harkatti kee'atan kaa'atee akka turte argeera. Laabaan obboleettiinsaa waanta ta'e wayita itti himtu dhaggeeffateera. Isa booda gara hojjatichaa dhaqee isaa fi warra isa waliin turan gara manaatti afeere, gaalota dabalatee halkan sana manasaa keessa akka bulaniif. Hojjatichi nyaata akka nyaatuuf isaaf dhihaate osoo hin-nyaatiin dura dhiommasaa Abbaa Ribqaa Betu'eelii fi Laabaanitti beeksisuu akka barbaadu dubbatee dide.
- Lakkoofsa 34-49: Hojjatichi Abrahaam erga isa ajajee jalqabee hanga Ribqaadhaaf warqee funyaanitti kee'atanii fi harkatti naqatan kenneeffitti waanta ta'e hime. Waantota ta'an keessaa waanti baay'ee dhimma cimaa ture jettan isa kami?  

---

---
- Hojjatichi gaaffii Lkkoofsa 23 fi 47 irra jiruuf deebii argachuunsaa baay'ee barbaachisaa ture, " Intala eenyuuti ati?" Maaliif?  

---

---

- Seera Uumamaa 24: 4 irratti Abrahaam maal jedhe?

---

---

- Hundumaan ol, Waaqayyo ammas niqopheesse. Waaqayyo korbeessa aarsaaf ta’u Seera Uumamaa 22: 13 keessatti inqopheesse amammoo Yisihaaqiif haadha-warraa ni qopheesse. Ammas gaarummaasaa fi amanamummaasaa irra deebi’ee Abrahaamitti in-mul’ise. Labaanii fi batu’eelis adeemsicha Waaqayyo akka qajeelche argani. Deebiinsanii lakkoofsa 50-51 jiru maal ture?

---

---

- Kennaan Ribqaa fi maatiisheetiif kenname waliigalteen maatii lamaan gidduutti uume

---

- Obboleessashee fi haadhasheef maal kenne?

- 
- Lakkoofsa 54-61 keessatti Laabaanii fi haatisaa Ribqaa haadha manaa Yisihaaq akka taatuuf hojjaticha faana erguuf qophaa’u. Ganamasaa hojjatichi karaa jalqabuuf gara mana Gooftaasaattis deebi’uuf qophaa’aa ture. Milkaa’ina Waaqayyo isaaf kenne hojiitti hiikuuf qophaa’aa ture. Maatichi maal gaafatani Lakkoofsa 55 keessatti?

---

---

- Haata’u malee, hojjatichi in-dide. Maatichis fedhii Ribqaa gaafatanii guddiseeshee fi hojjattootashee waliin geggeessan. Eebba isaanii Ribqaadhaafii Lakkoofsa 60 keessattii barreessaa.

---

---

---

---

- Lakkoofsa 62-67 keessatti Yisihaaq Ribqaa wayita argetti waanta ta’e himaa.
  - Yisihaaq eessa ture? Maal hojjataa ture?

---

- Ribqaan Yisihaaqiin argite gaaffattes,

---

- Hojjatichis Yisihaaq gooftaasaa ta’u itti hime, sana booda Ribqaan maal goote?

---

---

- Yisihaaq gabaasa hojjatichaa dhaga’e. Yisihaaq maal godhe?

---

---

---

---

Tarii Yisihaaqii fi Ribqaan cidha hin qabaanne ta'a. saal quunamtiin dhiiraa fi dubartii gidduu gaa'ela guutuu akka taasisu beekna.

- Ribqaan haadha-warraa isaa taate, Yisihaaqis akka ishee jaallate beekna. Waan Yisihaaq barbaadu maal fiddeefi?
-

## BARANNOO TOKKO- KUTAA 5

### WAA'EE WAAQAYYOO MAAL BARANNA:

Seea Uumamaa 24 irra deebi'aa dubbisaa. Wayita dubbistanitti halluu keessaniin jechuuta amala Waaqayyoo ibsan irra dibaa akkasumas jechootaa fi gaaleewwan lakkoofsicha mul'isan yookaan lakkoofsota isaan keessatti argaman barreessaa:

### Lakkoofsa Jechootaa fi gaaleewwan

---

---

---

---

Jechoonni gaarummaa fi amanamummaa jedhan lakkoofsa 27 keessatti barreefamaniiru, akkasumas lakkoofsa 4brahaamitti agrasiise argeera, ammammoo ofii isaa irratti arge.

### GAAFFII HOJIIRRA OOLCHUU

- Amanamummaan waan dubbatan raawwachuu keessatti mul'ata. Amanamummaan waql- amantaa gabbisa. Waadaan gaa'elaa warri wal fuudhan ( namichaa fi intalli) akka waliif amanaman ajaja.waliif amanamuunis waadaa waliif galan eegu. Waadaan kun wayita cabu wal-amntaan giddusaanii jiru nibada. Amanamummaan namni waan tokko wayita dubbatu akka raawwatutti ibsa. Amanamummaa waliin wal qabatee muuxannoon isin jireenya keessan keessatti qabdan maal fakkaata? Jarreen amanamummaa isin barsiisan eenyufaadha? Eenyu waadaa isinii gale kan cabse?

- \_\_\_\_\_
- \_\_\_\_\_
- \_\_\_\_\_
- Amanamummaa Waaqayyoo hubachuuf nirakkattuu? Muuxannoon keessan maal fakkaata? Waa'ee amanamummaa Waaqayyoo barnoota akkamii argattanii beektu?

- \_\_\_\_\_
- \_\_\_\_\_
- \_\_\_\_\_
- Amanamummaa akka agarsiiftaniif waadaa akkamii galtanii beektu? Namoonni amanamummaa keessan arganii wal-amantaan kutannoo isa raawwachuu keessaniin wayita gabbatu yaadaa.

\_\_\_\_\_

\_\_\_\_\_

\_\_\_\_\_

**GADI FAGEESAANI ILAALU:**

Amanamummaan Waaqayyoo waan isaan ol ta'erratti hin-hundaa'u. Ximootiwoos 2faa 2:13

yoodhuma nuti \_\_\_\_\_ taanellee, Inni sababa ofiisaa

\_\_\_\_\_ hindandeenyeef, Inni akka \_\_\_\_\_ ta'etti in

hafa.Waaqayyoo isa dha! Amanamummaan amala Waaqayyooti. Amalli kun maalummaa

Waaqayyoo nutty hima. Inni amanamaadha. Namoonni akka jedhanitti amanamummaan qaama

“DNA” Waaqayyoo ti. Fakkeenyi kan biroon macaafa qulqulluu keessa jiru ammo Waaqayyoo

jaalala' kan jedhudha.Jaalalli amala Waaqayyooti. Jaalalli salphaamatti maalummaa isaati.

Dabalataanis Macaafni Qulqulluu amala kan biroo Inni qabu nuuf ibsa, innis Waaqayyoo hanga



Waaqayyo haqa-qabeessa ta'uu isaati. Sagalee Waaqayyoorra kana kan nuu mirkaneessu: Ergaa Yohaannis 1: 8-10 argachuu dandeenya. Amaloonni lamaan lakkoofsota kanneen keessatti ibsaman maal fa'i? \_\_\_\_\_ fi \_\_\_\_\_ dha. Inni cubbuu keenya nuuf dhiisuuf amanamaa fi haqa-qabeessa. Lakkoofsotni kutaa macaafa qulqulluu kana keessa jiran kan isaan ibsan: yoo nuti qalbii jijjiiranni akka cubbuun keenya nuuf dhiifamudha. Inni kana raawwachuuf amanamaadha. Haata'u malee, yoo nuti waa'ee cubbuu keenyaa of sobne akkasumas Waaqayyoon sobne kakuun isaa jireenya keenya keessatti bakka hin-qabaatu.

### **KADHANNA**

Yaa Waaqayyo ati Abrahaamiif Waaqayyoo fi Abrahaamiif amanamaa turte. Akkuma ati isaaf kakuu kee raawwatte, anaafis amanamaa fi gaariidha. Garuu, amanamummaa fi gaarummaankee anatti hin-beekamu, ani amanamaa miti. Kakuuwwan ani cabse namoonni akka nah in-amanne taasisa. Yaa Waaqayyo qajeelummaa dhabuukoo naaf dhiisi, akkasummas fakkii kee isa gaarii deebisuudhaaf ana keessatti hojjadhu. Amanamummaankee amanamummaa koo irratti akka hin-hundoofne nan beeka. Yaa Waaqayyo waan na jaallattuu fi waan dhiifama naaf gootuuf akkasumas waan ati gaarummaa keefi amanamummaa kee isa yeroo hundumaa jabaa ta'e keessatti na eegduuf galatoomi.

---

---

---

## BARANNOO LAMA – KUTAA 1ffaa

### SEENSA

Yeroo Abrahaam du'e ijoollonni isaa Yisihaaqii fi Ismaa'el bakka haadha-warraansaa Saaraan itti awwaalamtetti awwaalan. Yisihaaqii fhaadhi-warraan isaa Ribqaan Beer Lehai'roi keessa jiraachaa turani. Seenaan Yisihaaq Seera Uumamaa boqonnaa 25 keessatti itti fufa. Kakuun Waaqayyo Abrahaamiif gale akkas ture, sanyii kee akka urjii waaqarraa akkasumas akka cirracha qarqara galaanaa nan baay'isa jedhe. Amma inni wayita du'u, Yisihaaq qofaa isaa kakuu Waaqayyo Abrahaamiif gale sana dhaale.

### HOJII MANAA:

Seera Umamaa 25: 19 -34 dubbisaa.

### GILGAALA:

Boqonnaan kun seenaa Yisihaaq himuu itii-fufa. Lakkoofsa 19 fi 20 irratti hundeesaa hubachuutu nurraa eegama. Kanaafuu mee keessa haa deebinu.

- Lakkoofsa 19: Abbaan Yisihaaq eenyu? \_\_\_\_\_
- Lakkoofsa 20: Yisihaaq yeroo fuudhe umuriin isaa meeqa ture?  
\_\_\_\_\_
- Yisihaaq eenyuun fuudhe? \_\_\_\_\_
  - Abbaan ishee eenyu ture? \_\_\_\_\_
  - Obboleessi ishee eenyu ture? \_\_\_\_\_
- Lakkoofsa 21: Yisihaaq Ribqaa fuudhuuf haalli mijeeffame.
  - Kadhannaan Yisihaaq waa'ee maalii ture? \_\_\_\_\_
  - Maalif kun waan guddaa ta'e? \_\_\_\_\_

- Erga kakuun Waaqayyoo karaa Yisihaaq raawwatama ta'ee, maaltu ta'uu qaba ture?

---

- Akka Waaqayyo kadhannaa Yisihaaq deebise baranneera. Maaltu uumame?

---

- Lakkoofsa 22: lakkoofsi kun waa'ee ulfaa'uu Ribqaa maal jedha?

---

### **BARSIISA**

Ribqaan lakkuu ture kan isheen ulfoofte, dabalataanis ulfishee kun baay'ee rakkisaa

ture. Ijoolleen lachan gadameessashee keessatti wal-dhidhiitaa turan tutti himamee jira. Dubartiin muuxannoo akkanaa qabdu sochii kanaan akkam akka jeeqamtu dubbachuu nidandeessi. Haata'u malee, kan Ribqaa ammoo ijoollee lakkuu waan ta'aniif ittumaa rakkisaa ture, dabalataanis, akka isaan gadameessa keessatti dhalootaan dura wal-dhidhiitaa turan nutti himameera. Jeequmsi itti dhaga'ame kun akka isheen Gooftaashee barbaaddattu taasiseera. Maaliif waanti kun anaarratti raawwachaa jiraa?"

### **GILGAALA ITTI-FUFA**

- Lakkoofsa 23: jechoota mataa keetyiin ibsi, Waaqayyo maal itti hime?

---

---

---

- Jireenyi Ribqaa adda ta'a ture. Ijoollee lakkuu ulfooftee turte. Waaqayyo lakkuun dhalatan uummata adda ba'an lama akka ta'an itti hime. Uummattoota lamaan kana keessaa tokkorra cimaa ta'a. Akkasumas, waanti dhumaa Ribqaatti himame tokko inni hangafti isa quxusuu akka tajaajiludha-aadaa tureen faallaa kan ta'e.

- Lakkoofsa 24: Yeroon da'umsasheetii yeroo ga'u ilmaan lakkuu deesse. Lakkoofsa 25 keessatti ilmi inni jalqabaa akkamitti ibsame?

\_\_\_\_\_

Eenyu jedhanii isa moggaasani? \_\_\_\_\_

- Lakkoofsa 26: Obboleessasaa ibsaa:

\_\_\_\_\_

- Ilma lakkuu isa lammataa eenyu jedhanii moggasani?

\_\_\_\_\_

- Eesaawuu fi Yaa'iqoob kan dhalatan Yisihaaq Ribqaa erga fuudhee waggaa digdama booda. Amma inni umuriinsaa waggaa 60dha.

- Lakkoofsa 27 fi 28 keessatti waa'ee ilmaan kanneenii –akka isaan guddataa adeemanitti odeeffannoo dabalataa kennameera. Waa'ee Eesaawu waan dabalataa maal barra?

\_\_\_\_\_

\_\_\_\_\_

- Waa'ee Yaa'iqooboo maal baranna?

\_\_\_\_\_

\_\_\_\_\_

Ijoolleen lamman garaagarummaa ifatti mul'atu qabu turani. Inni tokko cimaa akka itti adamsu beeku bakkee oolu ture, abbaasaan kan jaallatamu, inni tokko ammoo amala toleessaa fi qe'ee keessa kan oolu ture, akka ilmoo harmeesaan caalaa jaallatamuutti ibsame.

## BARANNOO LAMA – KUTAA 2ffaa

### HOJII MANAA

Waa'ee amala ijoollee kanneenii caalaa nibaranna. Lakkoofsa 29-34 irra deebi'aa dubbisaa.

### GILGAALA ITTI-FUFA

Yaa'iqoob dhuguma kan nyaata bilcheessuu gargaaraa ture isa, Eesaawu ammoo bakkee daggala keessa nama oolu ture.

- Lakkoofsa 29: Eesaaw manatti yeroo gale haalli isaa akkam ture?

---

- Lakkoofsa 30: Eesaaw maal barbaade?

---

- Lakkoofsa 31: Yaa'iqoob waliigaltee malee waan Eesaaw barbaade kennuufiif hin-turre. Yaadni Yaa'iqoob dhiheesse maal ture?

---

### BARSIIISA:

Lakkoofsi 31 waa'ee mirga dhalootaa dubbata. Mirgi dhalootaa kan ilma jalqaba dhalateeti kan haadha warraa seeraarras ta'e dubartii biraarraa kan dhalate yoo ta'e. Abbaan mirga dhalootaa qabu dhumaarratti mataa manichaa ta'e. Sanyiin maatichaa isa mirga dhalootaa dhaaleen itti-fufe.

Waanta yaa'iqoob gaafataa ture waan xinnoo miti. Yaa'iqoob waanta kan Eesaawu ta'e barbaade. Jecha Ribqaatti dubbatame yaadadhaa, inni hangafaa isa quxusuu akka tajaajilu hime. Yaa'iqoob in abshaalome. Yaa'iqoob Eesaaw saaxilamaa akka ture beeka ture. Wayita sanatti waanti Eesaawu yaaduu danda'u nyaata qofa ture. Mirgi dhalootaa gaarii maali qaba yoo du'e?

## GILGAALA ITTI-FUFA

Lakkoofsa 33 waliin itti fufaa

- Yaa'iqoob Esaawu osoo hin-nyaatin dura akka isaaf kakatu gaafate. Kanaaf eesaawu maal godhe?
- 
- 

Kakuun kun mirga dhalootasaa Yaa'iqoobitti gurguruudha, mirga dhaaluusaa.

- Lakkoofsa 34: yaa'iqoob sana booda nyaatasaa Eesaawuf kenne. Esaaw mirga dhalootasaa maalif gurgure?
- 

Waanti Eesaaw raawwate gowwummaa akkamiiti! Waanta Yaa'iqoob barbaadee fi iddoo itti kenne Esaaw daabboo muraasaa fi ittoo misiraan dabarsee kenne.

- Lakkoofsichi Eesaaw nyaate dhugee ka'ee deeme jechuun goolabama. Kanaaf,
-

### **BARANNOO LAMA – KUTAA 3**

#### **WAA'EE WAAQAYYOO MAAL BARANNA:**

Seenaan waa'ee mirga dhalootaa kun baay'ee gabaabaadha, lakkoofsa 1q5 qofa., haata'u malee waa'ee Yisihaaqii fi maatiisaa waa baay'ee irraa baranne. Waantatokkoon tokkoo miseensi maatichaa iddoo itti kennu, jaallatu, garmitti qalbiinsaani akka harkifamu baranneerra. Mirga dhalootaaf idoo ijoolleen lamaan kennan bira geenyeerra. Miseensa maatii isa tokko isa kaan irra caalchisuun gareen qabatamee akka ilaalametti hubachuu dandeenya ta'a. Haata'u malee, Waaqayyo isa Abrahaamiif kakate raawwachuuf amanamaa ture, maatiin kun ammo maatii kakuu kana akka dhaalu ture.

Yaada keenyaa fi amantaa keenyatti jeeqamuu dandeenya ta'a nuti qajeeloo waan hin-taaneeff Waaqayyo akka nutti fayyadamuu hin-dandeenye nutty dhaga'amee. Kakuun Waaqayyoo amala keenyarratti akka hundaa'u yaadna. Haala nuti itti yaadnu haala itti waaqayyo nu ilaalu waan murteessu nutty fakkaata. Gaarii yoo taane, nu eebbisa yoo gaarii miti taanemmoo nu hin-eebbisu. Seenaa kana keessatti obboleessi inni tokko obboleessa isa tokko wayita miidhu? argina. Eesaaw baala'ee ture nyaatas baay'ee barbaadee. Yaa'iqoob carraa itti kennaa obboleessasaa hangafaa itti argatu arge. Akkuma kana inni hangafni beelli garaa isaa amalasaa akka too'atu gochuusaa argina, darbees Esaawu akka ilma hangafaa ta'ee osoo jiruu dhaalasaa salphisee ilaale, in-tuffate. Yaa'iqoob carraa kanatti fayyadamee abshaalummaan aangucha isa barbaadu kana fudhate.

Hojiin Waaqayyoo amala keenyaarratti hin-hundaa'u. Waaqayyo kan inni nuuf raawwatu waan nuuf kakateefidha. Kakuu nuuf kakateera. Waaqayyo waliigalteen barabaraa Isaa fi Abrahaamii fi sanyiisaa gidduutti akka ta'u kakateera. "Yoo isaan qajeelota ta'an" yookaan " waanan jedhe yoo raawwatan" yookaan ' jechasaanii yoo eeggatan" jedhee hin-qoodne.

Waaqayyo kan raawwatu kakuu waan galeefi. Abrahaamii fi Yisihaaqaif akkasumas ijoolotasaaf kakate, kakuusaa kanas in-eega. Waanti hundumtuu uummata hundaaf jalala guddaa waan qabuufi. Nuti hundi keenya kakuu kana jala cuubbaadhaan galla. Waaqayyo kakuusaa akka raawwattu guutummaatti isa harka jirra. Yerooma nuti abshaalummaanii fi goyyomsaan nama isa kaan miinu Inni dhugaadhaan amanamummaan dhugaa waliin kakuusaa ni eega.

Haalli dhala namaa akkas ta'uu baatuuyuu, Waaqayyo nama qaama hojii Isaa taasifateera dhala namaa bakka jalqaba yaadameefii turetti deebisuuf. Inni cubbuu keenya keessa nubaasuuf bilisaa fi warra cubbuunsaanii dhiifameef taane akka jiraannu7 nu gochuuf fialte. Fayyinni hunda keenyaa waaqayyo harka jira. Waaqayyo , mataansaa, Ilma hangafaa qaba. Maqaan Isaa Yesuus ture. Akka ilma hangafaatti itti gaafatamummaasaa sirriitti fudhate. Yohaannis 3: 16 -17 nu yaadachiisa. Lakkoofsota kanneen barreessaa:

---

---

---

Yesuus mirga dhalootasaa waan hintuffanneef eebbifamne. Inni akka Ilma hangafaa, Ilma tokkicha Waaqayyootti, warra Isatti amananiif jireenya barabaraa kennuuf dhufe. Yesuus karaa Waaqayyo dhala namaa deebisee fayyisuu gara Mootummaa Ilma Isaatti itti fiduuf filate ture.

**KADHANNAA:**

O yaa waaqayyo , akka Yaa'iqoob, waanan barbaade argachuuf kanneen kaan abshaalummaan goyyomseera. Amalli koo fi amanamummaa dhabuunkoo miseensota maatii, hiriyoota , warra na waliin hojjatan miidheera. Yeroo baay'ee qofummaa fi abdi tokko malee akka gatametti natti dhaga'ama, balleesaakoo isa natti dhaga'amu waliin. Yesuus, jabinaan itti cubbuu hojjachuukoo



itti amanuu fi himadhu naaf kenni. Ati dhugaanii fi amanamaa ta'e akkan deddeebi'uuf nagargaari. Akka ati dhimmoota armaan gadiirratti na walii hojjatu sin kadhada

---

---

---

---

---

Yesuus hangafummaa kee tuffachuu dhiisuu keetiif bakkasaa ani dhaaltuu Mootummaa Waaqarraa akkan ta'uuf (akka ijoollee isaatti) du'a filachuu keef Sin galateeffadha.

## **BARANNOO LAMA – KUTAA 4ffaa**

### **SEENSA:**

Manna Yisihaaq keessatti haalli gaariitti deemaa akka hin jirre nutti dhaga'amu jalqabeera. Waaqayyo lakkuun ishee lamaan ummattoota lama akka ta'an Ribqaa beeksiseera. Ilmi inni tokko Yaa'iqoob jedhamee moggafame hiikni isaas ni goyyomse kan jedhudha, innis hojiinsaa goyyomsuu ture. Boqonnaawwan fuul duratti dubbifnu keessatti yaa'iqoob (goyyomsaan) si'a meeqa akka goyyomse yookaan akka goyyomfame ilaalla. Barannoo 2- 4tti Yaa'iqoob Eesaawuun akkamitti abshaalummaadhaan akka goyyomsee mirga dhalootasaa irraa fudhate baranneerra. Kana keessatti Eesaaw hangafummaasaa dhalootaan argatetti iddoo akka hin-kennine akka tuffate baranee jirra. Sirriitti, akka inni iddoo itti hin kennine akkanni salphise nutti himameera. Waaqa maatisaa irraa fuula galagalafate , haadha warraa dubartii hitite fuudhuu filate. ( Seera uumamaa 26: 34 -35), jireenyasaa hojii mataasaa raawwachaa itti fufuuf murteesse. Gochi kun ammo abbaasaa akka inni hin-kabajne waan abbaan isaa dhaabbateef akka tuffateetti mul'ate. Kun ammo waa'ee Yaa'iqoob isanni eebba Waaqayyoo abbaa isaa Abrahaam irraa fuudhe wayita yaadannu waan barbaachisaadha. Waanti Abrahaamiif kakatame hundi Yisihaaqitti darbe amma kan Yaa'iqoob ta'eera.

### **BARSIIISA:**

Mirgi dhalootaa fi eebbi kennaa abbaadhaan ilma jalqabaatiif kennaman turani. Mirgi dhalootaa dhaala abbaa ilmaaf kenneera. Eebbichi garuu, jechoota abbaan ilmaaf qabu (eebba) jireenyasaa gara fuul-duraa geggeessu (murteessu) mirkaneessa. Seera Uumamaa 25: 27 -34 Yaa'iqoob akkamitti mirga dhalootaa Eesaaw akka fudhate baranneerra. Amma Seera Uumamaa 27 keessatti akkanni itti eebba Eesaaw fudhate barra.

**HOJII MANAA :** Seera Uumamaa 27: 1-29 dubbisaa Read Genesis 27:1-29.

**GILGAALA:**

Lakkoofsota kanneen haa ilaallu sana booda akkatti seenichi jalqabu haa ilaallu.

- Haalli fayyaa Yisihaaq akkam ture?

\_\_\_\_\_

- Yisihaaq dulloomuusaa, umurii jiraate dheeraa ta'uusaa dubbata. Dulloomeera, dadhabeera ijisaas jaameera. Eesaawuun ebbisuufr yeroonsaa ga'uu beekeera kanaaf Eesaawuun ofitti waamuun yaadicha kaase. Eesaawuun maal ajaje lakkoofsa 3 fi 4 keessatti?

1. \_\_\_\_\_

2. \_\_\_\_\_

3. \_\_\_\_\_

Yisihaaq murtoo fudhateakkas jechuun “ akkan si ebbisuuf osoon hin-du'in”.

**BARSIIISA:**

Yisihaaq waa'ee Eesaaw beekuyyuu isa ebbisuuf boodeetti hin-jenne. Esaaw ilma inni caalaa jaallatu7 ture. Akka abbaa fi ilmaatti jaalala adamoo , tapha daggalaa waliin hirmaataniiru (SEera Uumamaa 25: 27 -28). Haata'u malee, Eesaaw Waaqa abbaasaa irraa garagalee karaa mataasaarra adeemuu filate, maatii ismaa'elo keessaa fuudhuu dabalatee, kanneen kakuu Waaqayyoo jala hin-jirre hordofuus filate.

## 5 BARANNOO LAMA- KUTAA 5

### GILGAALA:

Ilmi Ribqaadhaan jaallatamaa ture Yaa'iqoobi. Yisihaaq eesaawutti yeroo dubbatu dhaggeeffataa turte. Amma isheenis eebba Yisihaaq argachuuf kaateetti, ofiisheef miti, Yaa'iqoobiif ilma ishee isa jaallattuufi malee.

- Eesaaw wayita ba'e Ribqaan maal goote? (Seera uumamaa 27: 6, 7)?

---

---

- Yaa'iqoobiin maal ajajje lakkoofsa 8 keessatti?

---

Lakkoofsa 9: \_\_\_\_\_

Lakkoofsa 10: \_\_\_\_\_

Isheenis murtoo mataashee keesse “ inni osoo hin-du'in akka eebbisuuf”

- Yaa'iqoob garuu karoora kana keessatti rakkoolee arga. Yaaddoon isaa maalinni ( Lakkoofsota 11, 12)?

---

---

Ifatti, yaaddoon isaa inni guddaan gocha goyyomsaa kana keessa qabamee akka hin-abaaramnedha abbaasaatiin, eebbifamuurra.

- Ribqaan baayyee kutatteetti yaa'iqoob eebbicha akka argatuuf, hamma karoorri isaanii yoo kufe abaarsisaa isheerratti akka ta'u barbaadutti. Lakkoofsa 13 keessatti Ribqaan nama dubbisuuf iccitii fi barbaachisummaa isaa kenniti. Maal jetti?

\_\_\_\_\_

- Kanaaf yaa'iqoob haadhasaa abbomamee, haatii fi ilmi karooricha abbaa fi obboleessa goyyomsan. Yisihaaq goyyomsamuusaa baruuf hangam akka adeeman qalbeeffadhaa.

Lakkoofsa 14: \_\_\_\_\_

Lakkoofsa 15: \_\_\_\_\_

Lakkoofsa 16: \_\_\_\_\_

- sana booda yaa'iqoob gara abbaasaa dhaqe. Lakkoofsa 18 keessatti gaaffiin Yisihaaq jalqabaa maal ture?

\_\_\_\_\_

\_\_\_\_\_

- Lakkoofsa 19: Deebiin yaa'iqoob maali?

\_\_\_\_\_

- Lakkoofsa 20: Yisihaaq Eesaaw dafee deebi'uusaa ni dinqisiifata. NI gaafatas:

\_\_\_\_\_

\_\_\_\_\_

- Deebii yaa'iqoob:

\_\_\_\_\_

- Lakkoofsa 21: Yisihaaq eesaaw ta'uu mirakaneessuuf isatti akka siqu qaqqabees akka adda baasu gaafata. maalif shakkee Eesaaw miti jedhee kana dura goyyomfameera yoo ta'e malee? Yookaan goyyomseera yoo ta'e malee? Yaadi keessan maali?
- 
- 

Yisihaaq maatii goyyomsaan keessa jiru keessa jiraate. Haati manaan isaa abbaa manaashee goyyomsuu filatte Yaa'iqoobiif kan isaati jettee isa yaadde argamsiisuuf. Ilmi Yisihaaq yaa'iqoob obboleessa isaa goyyomse waan barbaade argachuuf jecha, inni mirga dhalootaa Eesaaw. Amma, haatiif ilmoon eebba abbaa barbaadaa jiru, goyyomsaa kanaan kan Yaa'iqoob qofa ta'uu akkanni danda'u beeku.

- Sagaleen isaa kan Yaa'iqoob fakkaatus, harki isaa rifeensa qaba ture goyyomsaansaanii hojjatteera. Lakkoofsa 24 keessatti Yisihaaq si'a lammaataa gaafate:
- 

- Yaa'iqoobis deebise:
- 

- Yisihaaq nyaata isaaf qopheesse akka fidu isa ajaje. In nyaate wayiniis indhuge. Isa booda yaa'iqoob akka garasaatti hiiqu gaafate dhungachuuf. Lakkoofsa 27 keessatti Yisihaaqiin maaltu isa amnsiise akkanni Eesaaw ture?
- 

- Dhumaarratti, eebbi kenname. Eebbichi maal ture (Lakkoofsota 28 -29) ?

1. Waaqayyo

2. Ummattoonni

---

---

3. ilmoonni

---

---

4. warri

---

---

### YAADA DHUUNFAA

Yisihaaq ilmasaa eebba akkamii eebbise! Namni isin eebbisee beekaa? Maatii? Hiriya? Luba, yookaan hojjataa waldaa kiristaanaa biraa? Aadaa baay'ee keessatti eebbi beekamaa miti. Eebbi garuu, nama isa eebbicha argate in angomsa. Eebba Waaqayyoo jireenya kee irrattii dhaga'uu dandeessettaa( dhageesseettaa)?

- Inni maal otoo siin jedhuu dhaga'uu barbaadda?

---

---

- Eebbati mucaa tokko, michuu tokko, hiriya tokko yookaan nama waliin hojjattan eebbisuu barbaaddan maali?

---

---

Eebbi warraa yeroo mucaan manaa gadi ba’u tarii” yaadadhu, Sin jaalladha”

- Seera Uumamaa keessatti Abrahaam kanneen kaaniif eebba akka ta’uuf Waaqayyoon eebbifamuusaa yaadadhaa. Haala itti jireenyi keessan jireenya nama isa kaaniif eebba ta’uu danda’u yaaduuf yeroo kennaa. Namni kun eenyu ta’uu danda’a?
- 

Jireenya nama sanaa ebbisuuf maal jechuu yookaan raawwachuu qabdu?

---

---

## **KADHANNAA**

O Gooftaa, jireenya koo dhugaadhaan eebbifteetta. Ati na goyyomsita jedhee tasa sodaachuu hin-qabu. Ati anaaf waanta gaarii ta’e qofa barbaadda. Akkan Sagalee eebbaa Kee dhaga’uu danda’u na dandeessisi: Humna hafuura qulqulluutiin abdiitti guddachaa akka adeemtanitti waaqayyo isatti amanuu keessaniin gammachuu fi nagaa hundumaan isin haa guutu (Roomee 15: 13). Ana jireenya namaaf eebba ta’uuf carraan argadhutti akkan fayyadamuuf na gargaari. Waantan raawwadhu hundi ulfina keef haata’u

---

---

---



**BARANNOO SADAFFAA- KUTAA 1ffaa**

**HOJII MANAA:** Seera Uumamaa 27 dubbisaa

**BARSIISA:**

Gowwomsaan qaama seenaa kanaa harka caaluu waanta ta'eef akkasumas waantota itti fufanii, Macaafa qulqulluu bakka kaanitti waa'ee goyyomsaa maal barreeffamee akka jiru ilaaluuf yeroo kennuun sirrii fakkaata. Goyyomsaan maalinni? Warra goyyomsan (namatti abshaaloman) irra maaltu qaqqaba? Rakkoon bu'uuraa maal inni? Gaaffilee kanneenii fi kaan deebisuuf Seera Uumamaa 27 keessaa baanee bakka biraa barbaanna. Kunis muuxannoo lakkoofsota kutaalee Macaafa qulqulluu itti qabannuu nu argamsiisa darbees sagalee Waaqayyoo irraa akka barannu carraa kenna.

- Wangeela Maatiyoos 13: 22-23 – Waanti yeroo baay'ee nu goyyomsu maalinni?
- 

- Raajii Ermiyaas 17: 9 – Goyyomsaan isaa dhufa?
- 

- Wangeela Maarqoos – Garaan namaa maal of keessatti qabatee jira?
- 

- Seera leewwotaa 19: 11- Abboommiin Waaqayyoo maali?
- 

Maatiyoos waa'ee goyyomsaa badhaadhinaa dubbata. Hundi keenya al tokko yookaan biraa goyyomsaa badhaadhinaa muuxannoosaa qabna. Yeroo baay'ee kan inni uumamu “ waan

qabaachuu qabnudha jennee waan amannuufi! Takkaa erga binnee booda garuu yookaan qabeenyaa hanga barbaadame sana erga argannee booda garuu gammachuu, boqonnaa, hiriyummaa yookaan waanta kamiyyuu yoota'e akka fidutti isa amanne akka goyyomfamne bira geenya. Dhugaan jiru soba akka amannuuf goyyomsamuu keenya.

Ermiyaas rakkoo garaa, sirraa'uu hin-dandeenye akka qabnu nutti hima. Garaan namaa goyyomsaa fi baay'ee jelklaa akka ta'e dubbata. Cubbuun garaa namaa guuteera karaan cubbuun itti mul'atu ammo jallina. Jannata eedan keessatti waanta ta'e yaadadhaa yeroo amajaajijji (bofti) dubartittiitti haasa'e. Waanti inni haasa'e marti goyyomsaa (jallina) ture. Amammoo Marqoos garaan namaa jallina akka qabatu nutty hima. Akka dhala namaa cubbamoota taanetti qaama maalummaa keenyaati.

